DISCOVER

ITS BEAUTY

Kutaa 6ffaa

# ERGAA DHUMAA

DR. NAAJII IBRAAHIIM



# Mul'ata Dhumaa

Qur'aanni Ulfina qabeessa ta'e mul'ata isa dhumaa (Kakuu Dhumaa), Allaahn (Rabbi) Nabi Muhammad (S.A.W) irratti buusedha. Qur'aanni heera rabbii jireenya namummaa keenyaa to'achuu fi bulchuuf gadi bu'eedha.

Beekumsa uumaa guutuu ta'een waa'ee uumama isaa dubbata. Dhugaa mul'isuudhaan ilma namaa karaa dhugaa sanaatti affeera. Waa'ee hiree dhala namaa odeeffannoo barbaachisaa of keessaa qaba. Namoota qur'aana kana hubachuu fi barsiisa isaa hojiirra oolchuuf yeroo carraaqanitti sadarkaa hafuuraa, naamusaa, sammuu fi hawaasummaa isa olaanaatti ni barsiisa, ol guddisa.

Qur'aanni dinqii bara baraa Nabiyyii dhumaa Muhaammadiif akka ragaa nabiyyummaa isaatiif kennamedha; akkaan adda kan ta'ee fi wantoota birootiin kan wal hin madaalledha. Jaarraa kudha afur dura kan mul'ate ta'us, har'as guutummaan guutuutti kan hin tuqamnee fi kan hin jijjiiramnedha (bifa Afaan Arabaa isa jalqabaatiin jira).

Rabbiin Qur'aana akkas jedhee nutti hima:
***"Nuti Zikrii (Qur'aana) Numatu buuse, Numatu isaaf tiksoodha."*** (15:9)

Akkasumas, Rabbiin Qur'aana keessatti akkana jedha: ***"Jedhi: odoo ilmi namaatii fi jinnoonnis fakkaataa Qur'aana kanaatiin dhufuu irratti walitti qabamanii, fakkaataa isaatiin hin dhufan odoo gariin isaanii gariif gargaaraa ta'aniis."*** (17:88)




# Aayata Qur'aanaa Gaggaarii

Kutaa kana keessatti, galaana daangaa hin qabne Dubbii fi Ogummaa Rabbii keessaa Aayaawwan babbareedoo tokko tokko isiniif qooduun barbaada.

Waa'ee qabeenya gaggaarii fi qulqulluu sagalee Allaah Rabbii dhugaa tokkicha kana caalaatti baruuf Qur'aana ofii keessanii akka dubbiftan isin affeera. Hiika isa sirrii argachuuf yaalaa; toora interneetii irratti marsariitii Islaamaa amanamaa irraa argachuu dandeessu. (Maaloo marsariitiiwwan Islaamaa gorfaman dhuma maxxansa kanaa irratti ilaalaa).

Dhugaa dubbachuuf keeyyattoonni Qur'aanaa hundi Dubbii Rabbiitii. Mee barreeffamoota dinqisiisoo Qur'aana kabajamaa keessaa tokko tokko kanneen barsiisaa fi yaad-rimeewwan Islaamaa keessatti murteessoo fi barbaachisoo ta'an ilaalchisee ilaalcha Islaamaa mul'isan tokko tokko dubbisnee itti gammadnu haa ilaallu, kanneen akka:

- Tokkummaa Allaah, Rabbii dhugaa (Towhiida)
- Dhiifamaa fi Fayyina
- Haqa
- Wal-qixxummaa
- Waliigala ta'uu fi Tokkummaa Ergaa
- Rabbii fi Ergamaa Isaa
- Tasgabbii fi Jannata
- Dhiiraa fi Dubartii (Islaamummaa keessatti) .
- Barsiisawwan Gurguddoo
- Hojjetamuu Waan Qabuu fi Waan Hojjatamuu Hin Qabne
- Yaadannoo fi Tasgabbii Sammuu



# Tokkummaa Allaah (Rabbii Dhugaa) Qur'aana keessatti

- ***"Rabbiin dhugaan gabbaramaan isa malee hin jiru. Dhugumatti, Guyyaa Qiyaamaa keessa walitti isin qaba; isa keessa mamiin hin jiru. Eenyutu Rabbiin caalaa haasa'a dhugaa dubbata?"*** (4:87)

- ***"(Kan akkana hojjate) kun Rabbii keessani, Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru, (Inni) uumaa waan hundaatii, Isa (qofa) gabbaraa, Inni waan hunda tiksaadha."*** (6:102)

- ***"Yaa namootaa! Ni'imaa Allaah kan isinirratti taate yaadadhaa. Sila Rabbiin ala uumaan biraa kan samii fi dachii irraa soorata isiniif kennu ni jiraa? Isa malee gabbaramaan haqaa hin jiru. Akkamitti isa irraa garagaltu?"*** (35:3)

- ***"Inni Allaaha, Isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. Faaruun hundi duraa fi (addunyaa) booda (Aakhiraa) keessatti kan Isaati. Murtiinis kan Isaati, Garuma Isaa qofa deebifamtu."*** (28:70)

- ***"Gabbaramaan keessan gabbaramaa tokkichalsa, isa malee dhugaan gabbaramaan hin jiru. (Inni) akkaan mararfataa rahmata godhaadha."*** (2:163)

- ***"Jedhi: Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha. Allaahn hirkoo waa hundaati. Hin dhalle hin dhalannes. Hiriyaan tokkoos isaaf hin taane."*** (112:1-4)

- ***"Gooftaa tokkicha gabbarutti malee hin ajajamne, Isa malee gabbaramaan haqaa hin jiru, inni waan isaan itti qindessan irraa qulqullaa'e."*** (9:31)

Dhugumatti, yaad-rimeen qulqulluu fi ifa ta'e kan tokkummaa Rabbii (afaan Arabaatiin, **Tawhiid**) mata duree barbaachisaa Qur'aanaati.



# Dhiifama fi Fayyina Qur'aana keessatti

***“(Yaa Muhammad!) jedhi: Yaa gabroota kiyya kan lubbuulee isaanii irratti daangaa dabartan! Rahmata Rabbii irraa abdii hin muratinaa. Dhugumatti Rabbiin balleessa hundaa ni araarama. Inni araaramaa, rahmata godhaadha.”*** (39:53)

Lubbuun tokko yommuu tawbattee gara Rabbii deebitu Rabbiin qeebaltiifi fi araaramaan gara gabricha isaatti deebi’a. Eeyyee, Rabbiin cubbuu hunda ni araarama yommuu garaa qulqulluun gara isaatti deebinu. Waan guddaa akkamiiti! ***“Dhugumatti Rabbiin warra gara Isaa tawbatanii fi qulqulleeffatan ni jaalata.”*** (2:222)

Islaamummaa keessatti Rabbiin akka madda nagaa, rahmata, fi araaramaatti ilaalama akka madda jibbaa, dhiiga dhangala’uu, shororkeessummaatti osoo hin taane.

Kanaafuu fayyinaa fi jireenya bara baraa argachuuf, salphaatti gara Rabbiitti deebi'uu, Isa qofatti amanuu fi hojii gaarii hojjechuutu nurraa eegama. Namni qulqulluu, safuu qabu cubbuu namoonni biroo hojjatan kaffaluu fi haquuf fannifamuu ykn ajjeefamuun barbaachisaa miti. Islaamummaan hordoftoota isaa (Muslimoonni) akka namaaf dhiifama godhanis ni ajaja.

Kunis yaada bareedaa fayyinaa fi dhiifama Islaamummaa keessatti argamu gabaabsee ibseera, dhugumatti amantiin araaraa fi dhiifamaa ta’e.



# Haqa Qur'aana keessatti

"***Yaa warra amantan! Rabbiif gadi dhaabbataa ta'aa; haqaan ragaa ba'aa ta'aa. Jibbaan ummataa haqa dalaguu dhiisuu irratti isin hin kakaasin. Haqa hojjadhaa; isatu sodaa Rabbiitti irra dhihoodha. Rabbiin sodaadhaa. Dhugumatti, Rabbiin waan isin hojjattan hunda beekaadha."*** (5:8)

Islaamummaan yeroo hunda nagaa keessattis ta'e waraana irratti fira haa ta'u diina nama hunda waliin haqa qabeessa ta'uu akka qabnu nu barsiisa. Haqaa fi safuu haalduree tokko malee, fedhii dhuunfaa irraa bilisa ta'ee ykn yaada gatiiwwan naamusaa yeroon darbaa deemuun haala hawaasummaa fi aadaa jijjiiramaa irraa kan ka'e ni jijjiirama jedhu irraa bilisa ta'uun akka of gaggeessinu nu barsiisa.

***"Dhugumatti, Rabbiin amaanaawwan gara abbootii isiitti geessuuf, yeroo nama gidduutti murteessitanis haqaan murteessuu isin ajaja."*** (4:58)

Bareedina, garalaafummaa (rahmataa) fi qixummaa isii qabatamaan kan agarsiisu, Islaamummaan waan hayyoonni Muslimaa **'Wantoota Barbaachisoo Shanan'** jedhanii waaman akka eegnu nu ajaja:

- **Amantaa**
- **Lubbuu**
- **Sammuu**
- **Kabaja (ulfina)**
- **Maallaqaa fi qabeenya**



Haala bareedaa ta'een, Qur'aanni Kabajamaan akkas jechuun akeeka ***"namni lubbuu tokko lubbuu biraatiin alatti yookiin dachii keessa balleessuun alatti ajjeese akka waan nama hunda ajjeeseeti; namni ishee jiraachise akka waan nama hunda jiraachiseeti."*** (5:32)

Bilisummaa amantii fi eegumsa isii ilaalchisee Qur'aanni kabajamaan akkana jedha: ***"Amantii keessa dirqisiisuun hin jiru..."*** (2:256)

Haala kanaan Islaamummaan ilma namaa ni kabaja malee nama dirqisiisuun amantiicha akka fudhatu gochuu hin deegggaru. Kun dhugaa, bareedina, haqa, gaarummaa, fi wal danda'uu Islaamummaa yeroo namoota Muslima hin taane waliin wal qunnamanidha. Kana malees, Islaamummaan yeroo namoota birootti murtii kenninu amanamoo, kaayyoo fi haqa qabeessa akka taanu nu ajaja.

Wanta Rabbiin Qur'aana Kabajamaa keessatti nutti himu haa yaadannu: ***"...Jibbaan ummataa haqa dalaguu dhiisuu irratti isin hin kakaasin. Haqa hojjadhaa; isatu sodaa Rabbiitti irra dhihoodha."*** (5:8)

Kanas ta'e sana, abbootiin siyaasaa fi amantii haqa qabeessoo hin taane, barreessitoonni, hayyoonni seenaa, fi miidiyaaleen Islaamummaa fi Muslimoota hunda shororkeessummaan himatanii fi Islaamummaan billaadhaan (waraanaan) babal'ate jedhan jiru; akkasumas kanneen Allaah Rabbiin dhugaa tokkicha ta'e Nabiyyii Isaa isa dhumaa Muhaammad waliin fakkiiwwan, fiilmiiwwanii fi kaartuunii hamaa fi fokkisaa ta'an keessatti haqa malee fi kabaja dhabuudhaan agarsiisan jiru.



# Gaaffilee Armaan Gadii Xiinxalaa

- Bilisummaa jechuun, addatti immoo bilisummaa dubbii jechuun kanaa? Islaamummaa fi Musliimoota ilaalchisee ulaagaan dachaa hin jiruu?
- Jechoonni akka 'Shororkeessummaa/ shororkeessitoota Kiristaanaa ', 'shororkeessummaa/shororkeessitoota Yihudootaa', 'shororkeessummaa/ shororkeessitoota Hindu', ykn 'shororkeessummaa/shororkeessitoota Budiistotaa', darbee darbee illee miidiyaa irratti maaliif hin dhaga'amu?
- Shororkeessummaan maaliif Islaamummaa fi Muslimoota qofa irratti mallatteeffame fi moggaafame? Shororkeessummaa fi jeequmsi namoota birootiin raawwatamuhoo?
- Namni hunduu nama biraa fi amantaa isaa arrabsuu, abaaruu fi tuffachuu yookaan hunda isaanii shororkeessummaadhaan farrajuuf mirga qaba jechuudhaa?
- Manneen barnootaa, kolleejjii fi walumaa galatti hawaasa keessatti qaroominni, dimokiraasiin, bilisummaan dhaloota dargaggootaaf akkasitti barsiifamaa?
- Dhuguma yeroo ammaa kana dhiirotaa fi dubartoonni ogeeyyii, kaayyoo qaban, garaa qulqulluu fi sammuu/ilaalcha banaa qaban hedduun Islaamummaa akka fudhatan kan godhu billaa Islaamaati? (Kitaabonni, barreeffamoonni, seenaawwan, marsariitiiwwan, akkasumas meeshaaleen viidiyoo fi miidiyaa hawaasaa obboloonni kun maaliif akkamiin gara Islaamummaatti akka deebi'an irratti mari'atan hedduutu jiru. Fakkeenyaaf, kitaaba "Islam is Our choice: Portraits of Modern American Muslim Women" jedhamu akka dubbistan isin affeereera, Debra L. Dirks kan gulaalamee fi Stephanie Parlove kan barreeffamedha.)

**Hubachiisa: Fakkiiwwan gadhee ta'an mul'atanis, miidiyaaleen warra dhihaa kanas ta'e sana Islaamummaan amantii addunyaa irratti saffisaan guddachaa jiru ta'uu gabaasu. Islaamummaan akkamitti akkas ta'uu danda'e?**



# Walqixxummaa Qur'aana Keessatti

***“Isin yaa namootaa! Nuti dhiiraa fi dubartii irraa isin uumne, sabootaa fi gosoota isin taasifne akka wal beektaniif jecha. Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, irra Rabbiin sodaataa keessani. Rabbiin beekaa keessa hubataadha.”*** (49:13)

Yaada walqixxummaa Islaamummaa keessatti yaadame kana mirkaneessuun Nabi Muhaammad lallaba isaanii isa dhumaa irratti akkas jechuun labsan: **“Yaa ummata, Gooftaan keessan tokko, abbaan keessanis tokko. Hundi keessan Aadam irraa, Aadam immoo biyyee irraa Arabni tokko nama Araba hin taane hin caalu, namni Araba hin taane immoo Araba hin caalu, Adiin gurraacha hin caalu, namni gurraachis nama adii irra olaantummaa hin qabu Hundi keessanuu wal qixa, garaa qulqullummaa fi gocha gaariin wal caaluu yoo ta'e male.”**

- Islaamummaan nama sanyii, bifa gogaa, ykn saba isaanii irratti hundaa’uun akka hin jibbine ykn akka hin xiqqeessine nu barsiisa.
- Islaamummaan dha’icha wal-dhabdee sanyii addunyaan argitu kanaaf qoricha qabatamaadha.

Islaamummaa keessatti gurraachi fi adiin sanyii namaa tokko keessa obbolaa fi obboleettii dha. Hundi keenya abbaa tokko kan ta’e Aadam isa biyyoo irraa uumame irraa kan dhufne dha; akkasitti hundi keenya dachee irraa waan taaneef hundi keenya yoo gara lafaatti deebinu biyyootti jijjiiramna.

Barumsi barbaachisaan jechama ergamaa Rabbii kun Aayata Qur'aanaa armaan olii fi lallaba dhumaa Nabiyyii irraa kan argamedha. Kanaafuu namoonni tokko tokko maaliif of tuuluun sobaa itti dhaga’ama ykn namoota kaan irra olaanaa of godhu?



# Waliigalaa Ta'uu fi Tokkummaa Ergaa

Muslimoonni Nabiyyoota Rabbii hunda ni jaallatu, ni amanu, Adam, Nuuh, Ibraahiim, Ismaa'il, Ishaaq, Yaa'quub, Muusaa, Iisaa, fi Muhammad (nageenyi fi rahmanni Rabbii hunda isaanii irratti haa jiraatu).

Qur'aanni akkana jedha: ***"(Mu'uminoonni) jedhaa: Nuti Rabbitti amannee jirra; waan gara keenyatti buufamettis; waan gara Ibraahiim, Ismaa'iil, Isihaaq, Ya'aquubii fi Asbaaxitti buufametti (amannee jirra) Waan Muusaa fi Iisaan kennamanittis, Waan nabiyyoonni Gooftaa isaanii irraa kennamanittis (amannee jirra), Isaan irraa gidduu nama tokkoos addaan hin baafnu, Nuti warra Isaaf butameedha."*** (2:136)

Nabi Muhaammad (S.A.W) akkana jedhan, **"Namoota hunda caalaa Iisaa ilma Maryamitti anatu dhihaata, isaa fi ana gidduu Nabiyyiin biraa waan hin jirreef. Raajonni/ Ergamtoonni obbolaa waliiti; haadholiin isaanii adda, amantiin isaanii garuu tokkodha."**

**Kanaafuu, amantiin dhugaa tokkichi addunyaa maraa, amantii Nabiyyoota rabbii hundumaa ta'e kun maali?**



# Aayaawwan Gaggaarii Biroo Xiinxaluun Barbaachisu

Bareedinni, mi'aan fi qulqullinni Qur'aana Kabajamaa ta'ee daangaa hin qabu, kanaaf mee salphaatti keeyyata Qur'aanaa tokko tokko yaada tokko malee haa ilaallu. Osoo waa'ee isaa xiinxaltanii fi yaaddanii baay'ee natti tola. Kakuu Xumuraa kan ta'e Qur'aana irraa ragaa dabalataa ofii keessanii argachuuf yaalaa.

- **Rabbii fi Ergamaa Isaa**


***"Inni Isa (Allaah) ergamaa Isaa (Muhammad) erge qajeelloo fi amantii dhugaatiin..."*** (48:28)

***"Muhammad dhiirota keessan irraa abbaa nama tokkoos hin taane. Garuu inni ergamaa Rabbiitii fi xumura nabiyyootaati. Rabbiin waan hunda beekaa ta'eera."*** (33:40)

- **Tasgabbii fi Jannata**

***"Inni Isa tasgabbii onnee mu'uminootaa keessatti buuse, akka isaan limaana isaanii irratti limaana dabalatanii fi, Waraanni samii fi dachii kanuma Rabbiiti, Rabbiin beekaa ogeessa ta'eera. Mu'uminoota dhiiraa fi dubartootaa jannata isa jala laggeen yaa'an seensisuu fi kan yeroo hunda ishee keessa jiraatan. diliilee isaanii isaan irraa haquu fi kun Rabbiin biratti milkii guddaa ta'eera."*** (48:4-5)

***"Ati Yaa lubbuu tasgabbooftuu! Gara Gooftaa keetii deebi'i Jaallatuu, jaallatamtuu tahaadhaa. Gabroota kiyya keessas seeni. Jannata kiyyas seeni" (jedhamti).*** (89:27-30)



- **Dhiiraa fi Dubartii Islaamummaa keessatti**

  ***“Dhiironni Muslimaatii fi dubartoonni Muslimaas, dhiironni mu’uminaatii fi dubartoonni mu’uminaas, dhiironni Rabbiif ajajamanii fi dubartoonni Rabbiif ajajamanis, dhiironni dhugaa dubbatanii fi dubartoonni dhugaa dubbatanis, dhiironni obsanii fi dubartoonni obsanis, dhiironni (Rabbiin) sodaatanii fi dubartoonni (Rabbiin) sodaatanis, dhiironni sadaqatanii fi dubartoonni sadaqatanis, dhiironni soomanii fi dubartoonni soomanis, dhiironni qaama saalaa isaanii (haraama irraa) tikfatanii fi dubartoonni tikfatanis, dhiironni hedduu Rabbiin faarsanii fi dubartoonni hedduu faarsanis, Rabbiin araaramaa fi mindaa guddaa isaaniif qopheesseera.”*** (33:35)

  ***“Dhiiraa fi dhalaa irraa namni mu’umina ta’ee hojii gaggaarii hojjate, isaan sun jannata seenu...”*** (4:124)

- **Barsiisawwan Gurguddoo**

  ***“(Gara araarama Gooftaa keessan irraa ta’eef jarjaraa, (akkasuma gara) jannata bal’inni ishee akka samii fi dachii taateetti (jarjaraa) warra Rabbiin sodaataniif qophooftee. (Isaan) warra yeroo bal'innaafii fi rakkinaa arjooman; kan dallansuu liqimsanii fi namootaaf dhiifama godhaniidha. Rabbiin toltuu hojjattoota jaalata. (Isaan) warra yeroo waan fokkataa hojjatan yookiin lubbuu isaanii miidhan Rabbiin yaadatanii, badiilee isaaniitiif araarama kadhatanii fi Rabbiin malee kan badii araaramu hin jiru, haala (badii ta’uu isaa) beekaniin waan hojjatan irra hin turreedha. Isaan sun mindaan isaanii araarama Gooftaa isaanii biraa ta’eef jannata laggeen ishee jala yaatuudha. Isaan ishee keessatti hafoodha. Mindaan hojjattootaa (jannata ta'uun) waa tole!”*** (3:133-136)



- **Hojjatamuu waan qabuu fi waan hojjatamuu hin qabne** ***"...Rabbiin malee [waan biraa] hin gabbarinaa; abbaa fi haadhaaf tola oolaa, firootaafis, yatiimotaafis, hiyyeeyyiifis (tola oolaa). namootattis toltuu haasa'aa..."*** (2:83)

- **Yaadannoo fi Tasgabbii Sammuu**
***"(Isaan) warra amananii, onneewwan isaanii zikrii Rabbiitiin tasgabboofti. Dhaga'aa! zikrii (faaruu) Rabbiitiin onneewwan tasgabboofti."*** (13:28)

Dhugumatti dhugaan, faayidaan, dinqiin Qur'aana kabajamaa ta'ee dhuma hin qabu. Hamma dubbisnuun argannoo baay'ee arganna, yeroo hundumaas, yeroo jalqabaaf Qur'aana dubbisaa waan jirru nutti fakkaata.

Dinqiiwwan dhugummaa isaa mul'isan, gahumsa afaanii, beekumsa saayinsii fi qoricha yaalaa dabalatee, qur'aana keessa wantoonni hawwatoo ta'an biroo hedduutu jiru, isaanis kutaa kitaaba kanaa gabaabsuuf jecha asirratti hin kaasne.



# Fedhii waan haaraa beekuu qabdaa?

Waa'ee Islaamaa odeeffannoo dabalataa fi bal'aa ta'e argachuuf fedhii yoo qabaattan marsariitii keenya daawwadhaa:

**www.discoveritsbeauty.com**

## Walfaannee Bareedina isaa Qorachuu:

1. **Fiixee qarsaa cabbii qofaa**
2. **Amantii Aadam fi Hawwaa**
3. **Bu'uura Islaamaa**
4. **Gaaffii murteessaa dhala namaa deebisuu**
5. **Maqaa isaa gaggaarii**
6. **Ergaa dhumaa**
7. **Ergamaa xumuraa**

## MARSARIITII ISLAAMAA BU'AA QABEESSO TA'AN:

http://www.allahsquran.com

http://www.quranexplorer.com

http://www.islamhouse.com

http://www.edialogue.org

http://www.islamreligion.com

http://www.newmuslimguide.com

http://www.guidetoislam.com

# Ragaa Iimaanaa (karra Islaamummaa)

“Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”

Afaan Arabaatiin akkas jedha:

أَشْهَدُ أَنْ لَا إِلَٰهَ إِلَّا اللّٰهُ وَأَشْهَدُ أَنَّ مُحَمَّدًا رَسُولُ اللّٰهِ

kan akkanatti dhaga’amu:

**ASH-HADU AN-LAA ILAAHA ILLALLAAH,**
**WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN**
**RASUULU-LLAAH.**

Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sagalee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta’uu Islaamaa gabaabsee ibsa.



DISCOVER
ITS BEAUTY
www.discoveritsbeauty.com

Scan godhaa

GLOBAL ACADEMY FOR TRANSLATION AND EDUCATION (GATE)
LONDON | THE UNITED KINGDOM

Kan hiikame AL ANDALUS GROUP LTD
www.alandalusgroup.org

كتاب الوحي الأخير بلغة الأورومو